Verdal kommune

WARRA MUCAA BAKKA OOLMAA IJOOLLEETI QABANIIF

Til deg som barnehageforelder

Hojjettota bakka oolmaa ijoollee kan unfaa fi kommunaa, warra ijoolleen biyya amba irraa dhufaniin qopha'e

OOLMAA IJOOLLE BIYYA NORWEY – MAALI INNI?

Bakki oolmaa ijoollee biyya norwey akka seera oolmaa ijoollee heerota waxabajji 17^{ffaa}, bara 2005 tiin hojjeta.

Mucaan akka afaan Norwey baratu fi hiriyyota argatu gochuun itti gaafatamni isaa kan warrati. Warri mucaa iddoo oolmaa ijoollee argachuf ulaaga mataa isaa danda'en iyyatu. Iddoo oolmaa ijoollee laatamef komunni xalayaa erga. Warri mucaa iddoo laatame fudhachuu isaani barreffannon mirkaneessu.

Bakka oolmaa ijoollee Norwey keessatti xaphin hunda dursa. Tapha fi eegumsa gaari laachuun ijoolleen gaaritti waliin ta'uu akka baranif hojjenna. Taphin tattaffi ijoolleen fedhi isaaniin itti hirmaatan yeroo ta'u, iddoo fi meesha itti taphatan qindeessun dirqama keenya. Nuti namoonni uf-beekonni oolmaa ijoollee keessaa hojjennu ijoollee biratti argamne isaan gargaarra.

Yeroo mana keessa fi didatti taphatan ijoolleen waan gara fuuldura mana barumsatti baratanif fedhi fi hawwi ummatu.

Quunnamti mana fi oolmaa ijoollee

Mucaa keessan akka sirritti qabnuf, isin warra mucaa waliin quunnamti gaari qabaachun barbaachisa ta'a. Yeroo mucaan oolmaa ijoollee eegalu, odeeffannowwan barbachisan ulaaga tokkotti guutamu.

Yomma mucaan oolmaa ijoollee eegalu, warri mucaa waliin argamuu qabu. Yeroo isin hojjettota keenya fi akkaata oolmaa ijoollee waliin wal-bartan, warri mucaa achitti argamtu. Otu isin achii jirtani hojjettoni mucaa keessan waliin walbaru. Waliin mar'attanis yeroo deemu dandeessani fi yeroo kam akka deebi'u qabdan walii-galtu.

Akka mucaan itti madaqee hiriyoota argatuuf guyyaa hunda bakka oolmaa ijoolletti argamuu qaba.

Quunnamtiwwan guyya-guyyaan

Warri mucaa fi hojjettoni yeroo hunda yomma mucaa fiddani fi fudhattani wal-quunnamtu. Yeroo kana odeeffanno laachun barbaachisa dha. Kunis fkf, yoo namni gar-bira mucaa fudhata ta'e, yoo mucaan sirritti hin rafne ta'e ykn waan tokko kan oolmaa mucaa irratti dhiibba godhu qaqqabeera yoo ta'e dha.

Mariiwwan warra mucaa waliin

Wal-ga'iin kuni waggatti yeroo 2 ykn akka barbaachisetti ta'a. Wal-ga'ii kana irratti mucaan keessan akkaata irra jiru fi oolmaan isaa maal akka fakkaatu irratti mari'anna. Fakkeenyaf kan akka taphannaa, hiriyya argachuu, jijjirama mucaan agarsiisa jiruu fi dhimma isin warri mucaa kaasu barbaaddan irratti mari'anna. Mariwwan kana irratti kan hirmaatu hojjeta oolmaa ijoollee tokko fi isin warra mucaa ta'a (naanno daqiqaa 30 fudhata.)

Wal-ga'i warraa

Kuni wal-ga'i waggatti naqa 2-3 kan ta'u fi kan warri ijoollee hundi irratti argamani dha. Akka barbaachisa ta'etti wal-ga'i warra ijoollee haara eegalan ykn warra ijoollee biyya amba irraa dhufani qabaachu danda'ama. Wal-ga'iin akkasi kuni dhimma ijoollee hunda ilaalu irratti mari'ata malee kan mucaa keessan ilaalu miti.

Dhukuba

Mucaan yoo dhukubsate, mana akka oolu yoo godhame gaari dha. Bakki oolmaa ijoollee mucaa dhukubsatu sirritti qabuuf carraa hin qabu. Dhukubichas ijoollee gar-birotti dabarsuu danda'a. Yoo mucaan gara oolmaa ijoollee deemu danda'usaf shakki qabaattan gara oolmaa ijoolletti bilbiluu dandeessu.

MUCAAN KOO MAAL UFFACHUU QABA?

Bona

Uffannaa jirbi irraa homishame, kanateeraa, qumxaa, kophee arreeduf ta'u ykn qophee banaa (naxalaa). Ijoollee xixiqqof barnexa aduu dhorku qabaachun gaari dha.

Birraa

Uffanna guutu qilleensa ittisu, koffiya happhi ta'e fi uffanna harkaa [voter]

Yeroo roobaa: Surre fi jakketti roobaa, akkasumas shurraabi suufi irraa homishame, botti fi kaalsi o'ina qabu.

Ganna

Uffanna bokokaa [bobledress], shurraabi fi surree suufi irraa ykn rifeensa hoola irraa homishame. Kophee gannaa fi kaalsi o'ina qabu yoo danda'ame kaalsi suufi irraa hoomishame. Yeroo tokko-tokko waan roobu maluuf uffannaa robaa barbaachisa.

Arfaasaa

Ufannaa qilleensa ittisu ykn uffannaa roobaa. Deebi'ee o'uu waan maluuf mucaan akka uffannaa salpha ta'e uffatu gochun keenya hin oolu. Uffannaa jijjirraf ta'u bakka oolmaa ijoollee ka'a. Feetu guyyaa keessa jijjiruf barbaadna.

Waan isinif hin hin galle yoo jiraate warra oolmaa ijoollee keessa hojjetan gaafadha. Fakkeenyaf uffanna akkami mucaaf akka barbaachisu fi uffannaa ykn meeshawwan eessaa akka bitu dandeessan ilaalchisee isin gargaaru dandeenya.

AADA FI AYYAANOTA WAGGAA

Oolmaa ijoollee [barnehage] aada fi ayyaanota waggaa inkabaja. Aada fi ayyaanota wagga maati keessani kabaju irratti oolamaa ijoolle waliin akka hojjennu isin afeerra. Hojjeta oolamaa ijoolle keessaa iddoo qabdu dubbisaa.

SEEROTA

Oolma ijoolleef galmeessun ijoollee inni guddaan arfaasa keessa ta'a. Yommu isin iddoo argattani "eyye iddoo kana fudha" jettani deebiftan, oolma ijoollee walin kontrata galtani jechuu dha. Mucaan keessanis amma mana barumsaa eegalutti ykn barreffannon akka iddoo sana hin barbaadne beeksisa laatamutti iddoo sana qabaata. Yoo oolmaan ijoolle gar-biratti iddoon barbaadame, iyyanno barreffatan galfamu qaba.

Yoo sa'ati mucaan oolmaa ijoolle oolu akka jijjiramu barbaadamee, iyyaanno barreffaman nama hogganutti galfama. Sababni isaas ibsamuu qaba.

Iddoo mucaaf oolmaa ijoollee keessaa laatame gadi-dhiisu yoo barbaadame, iyyanno barreffamaan nama hoogganutti galfamu qaba. Kunis mucaan bakka oolmaa ijoollee irraa akka hafu guyyaa yaadame bulti 21 dura ta'u qaba.

Iddoon oolmaa ijollee kan baati muddee 1^{ffaa} booda gadi-dhiifamuf amma dhuma baati waxabajji itti kafalamu qaba. Yoo murteewwan gadi-dhhisu iddoo oolmaa ijoollee akka isin hin ilaalle (dhifatama) gaafachu barbachise, iyyannon nama hooganutti ergamu qaba.

Sa'ati bakki oolmaan ijoolle banamu

Oolmaa ijoollee sa'ati adda addatti banama. Oolmana ijoolle waggatti guyyota karoora baasu 5f cufama. Bakkoota oolma ijoolletti guyyonni karoora baasu kuni adda ta'u danda'u. Addaan baasuuf, nama bakka oolma ijoolle hojjetu gaafadhu, ykn dirree internett ilaali.

Yeroo boqonnaa

Ijoollen hundi boqonna torbee 4 qabaatu, yoo xiqqate torbee 3 walitti aansee waggatti qabaatu. Yeroo mucaan boqonnaa ba'u, hojjettota bakka oolmaa ijoolle walin mariin go'amu qaba. Baati adoolessaf kafalti hin godhamu.

Kaffaltii

a. Bakki oolmaa ijooollee ji'atti takka waraqa kaffalti erga. Yoo iddoo mucaaf kaffaltiin erga beeksisin laatame ille hin taane ta'e, ykn kaffaltiin hafe akkata itti guutamu walii galteen hin jiru yoo ta'e iddoo sana dhabuun mala.

b. Ijoolle gargaarsa addaa argataniif yeroo gargaarsi addaa laatamu sanaf komunni gare-warra inkafala.